Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaatti
በኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግስት
Oromia National Regional of Government
Biiroo Misooma Jallisii fi Horsiisee Bulaa Oromiyaa
የኦሮሚያ መስኖና አርብቶ አደር ልማት ቢሮ
Oromia Irrigation and Pastoralist Development Berue

**Lama Taddesse Gc jv with Hareg Import Export I/G isaa Murtaa'e**

**B/Jiranitti**

Lakk BMJHBO/4-3/513
ቁጥር
Guyyaa 13/12/2012
ቀን

Dhimmi:- **Deebii Komii Firii caalbaasii pirojektii Jigeessaa irratti dhiyaate ilaallata.**

Dhaabbatni keessan komii firii caalbaasii iraatti qabu xalayaa lakk **LTGC-Oipdb/KYP/001/17** gaafa guyyaa **08/04/25** barreesseen ibsee jira.

Kanuma irratti hundaa'uun komiin keessan koree komii Biiroo keenyaatiin ilaalamee jira. Kanaanis dhaabbatni keessan "Lama Taaddasse dura bu'aa ta'ee waan filatameef inni qofti mallatteessuu fi Inni qofti kabachiisa caalbaasii dhiyyeessuu danda'a kan jedhuu fi gatiin waliigalaa kabachiisa caalbaasiif dhiyyaate gatii barbaadamu guutuudha,kaayyoo kabachiisa caalbaasii mirkaneessuuf gahaadha,dhiyyeessiin kun seera faallessu miti,dorgommii ifaa fi iftoominaaf bu'uuradha" jechuun kan komatanidha. Haata'u malee, akkaataa sanada caalbaasii QD 18.2 irratti ibsameen tokkoon tokkoon miseensi waldaa sharikaa ulaagaalee gahumsa seeraa,ogummaa, tekinikaa fi maallaqa gaafataame akkaataa fedhii mootummaatiin kan guutamuu qabu ta'uu ifatti kan kaa'uu fi haala **QD 21.3** irratti ibsameen "W**aldaan shariikaa seeraan hundeeffamef wabiin kabachiisaa maqaa waldaa sharikichaatin dhiyaachuu qaba yookiin maqaa tokkon tokkon miseensoota waldaa sharikichaatin qophaa'ee dhiyaachuu qaba**" jedhamee sanada caalbaasii gugurame irratti ibsamee jira. Dhaabbatni keessan garuu maqaa tokko qofaan kan hojjechisiiseef bu'aan koreen teknikaa ittiin madaale sirrii ta'uu koreen komii irra deebiin waan mirkaneesseef yaada murtoo koree komii kana cimsuun ka nisin beeksise ta'uu isin beeksisna.

Nagaa Wajjin

Inj. Girmaa Raggaasaa Bulaa
Hogganaa Biiroo

G/G

- Hoogganaa Biirootiif
- Day/Bittaatiif

BMJHBO